Gara: Kora Kutaalee USA fi Kanadaa

Irraa: Maadhee Miseensota ABO Sudaan Kartuum

Dhimma: Dhaamsa Deggersaa

Nuti maadheen miseensota ABO Kartum Sudaan jirru walitti dhufnee marii goonee dhaamsa gammachuu walgahii kora kutaalee ABOf dhaamu danda¢uu keenyaa gammachuun nutti dhaga¢ama. Nuti miseensoti ABO bakka adda addaa jiraannullee kaayyoo fi ajajni keenya tokkicha waan taheef haala isin keessa dabartan hordofaa turre. Injifannoon baga koraa kutaalee bara 2008 geessan jenna. Korri amma teessan kun kan baroota dabranii adda taha jennee amanna. Yeroon amma kora teessan kun yeroo sirna dhablummaa miseensota giddutti dagaagee, miseensoti hagoon hogganaa fi dhaabaaf ajajamuu yeroo didani dha.. Waqtiin ammaa yeroo haallanii fi calaqqinsi mumul¢atan tokkummaa dhaabaa fi miseensota itti sharafan, jaaruu osoo hin taane diiguu irratti bobba¢amee dha. Diinni keenya kaayyoo irratti fulleeffachuun hafee qabsoo wal irratti godhuu olola dhaabaa fi hoggana irratti oofuu, jijjiirama barbaadna jechuun namooti hagoon fedhii mataa isaanii kan bolola aangoo bakkaan gahachuu fiffiganii dha. Fiffigiinsi isaanii kun afaanfajjii uumee hojii gaadi¢ee, galii dhaabaa hir¢ee, diinaaf kan tolu gochaa yeroo jiruu dha.

Isin miseensoti dhugaan dhaabaa fi qabsichaaf amanamoo taatan seeraa fi heera ABO kabajun walgahii kabajamaa wagga waggaan godhatan kan bara kanaa gahuun keessanitti guddaa boonna. Tarkaanfin isin fudhatan sirrii fi deggeramaa tahuu isinii ibsuu feena. Karaa danda¢ame hundaan isin cinaa hiriirree sirna dhablummaa fi jeequmsaa dhaaba keenya seene qulqulleessuuf qophii tahuu keenya isin beeksifna. Kora kana irratti rakkoo QBO irratti haasoftanii murtii fi kutannoolee jajjabaa akka dabarsitan shakkiin hin qabnu.

Korri kora milkii fi injifannoo haata¢u!!

Sirna dhablummaan dhaaba keenya keessaa haa dhabamu!!

GGBti!

IUOf!!